## Dhuma faayidaa nyaataa hatattamaa SNAP COVID-19 irratti qabxiilee marii waliigalaa michootaaf (Qoodinsa Hatattamaa SNAP)

***Yaadannoo michootaaf dhiyaate:*** *Qabxiileen haasa'aa kun akka qajeelfama haasawaatti kan kennaman waan ta'eef raabsamuu hin qaban. Haasaan kun fedhii fi gaaffii addaa nama dhuunfaa tokkoo akka ilaaluuf haala barbaadamuun qophaa'uu qaba. Qabeenyi gargaarsaaf ta'u armaan gadiitti tarreeffameera.*

- Ebla 2020 irraa eegalee namoonni Oregon keessatti SNAP argatan irra caalaan isaaniis kaardii EBT (Oregon Trail) isaanii irratti ji'a ji'aan faayidaa nyaata hatattamaa dabalataa argataniiru. Faayidaan kun balaa fayyaa hawaasaa COVID-19 gargaaruuf mootummaa federaalaan kan uumame dha.
    - Faayidaan nyaata hatattamaa maallaqa dabalataa naannoo guyyaa ji'aa [11ffaa] ykn [12ffaa] irratti kaardii EBT irratti dabalamuudha.
- **Guraandhala ji'a dhumaa faayidaan nyaataa hatattamaa itti hayyamamu ta'a. Namoonni SNAP argatan faayidaa SNAP isaanii Bitootessa 2023 fi ji'a ji'aan Bitootessa booda argachuu itti fufu.**
    - Faayidaan SNAP maallaqa namoonni ji'a ji'aan guyyaa [1ffaa] fi guyyaa [9ffaa] gidduutti kaardii isaanii irratti argatan jechuudha.
- Waggaa lamaaf ODHS maatii kuma dhibbaan lakkaa'aman SNAP fudhataniif faayidaa nyaata hatattamaa kennaa tureera.
    - Faayidaaleen kun dandeettii ummatoonni nyaata fayya qabeessa ofiifi maatii isaaniif gahaa ta'e argachuuf qaban haalaan dabaleera.
    - Faayidaa nyaataa hatattamaa kana malee Oregon keessatti namooni tokko tokko rakkoon isaan mudachuu fi fedhii bu'uuraa isaanii guutuuf rakkachuu danda'u.
- Namoonni faayidaa nyaataa hatattamaa malee faayidaan nyaataa SNAP isaanii hangam akka ta'e ilaaluuf akkaawuntii ONE ykn akkaawuntii EBT Edge isaanii ilaaluu danda'u:
    - Fuula daashboordii akkaawuntii ONE isaanii irratti – Maallaqni SNAP idilee "Hanga Faayidaa Ji'aa" jalatti tarreeffama
    - Sochii herrega EBT Edge isaanii keessatti – Maallaqni SNAP idilee maallaqa ji'a ji'aan guyyaa [1ffaa] fi [9ffaa] gidduutti kaardii keessanitti dabalamu ta'a.
- Namoonni dhuunfaa fi maatiin murti kanaan miidhaman faayidaa nyaataa hatattamaa ji'a dhumaa erga argataniin booda fedhii nyaataa isaanii guutuuf karoora baasuu akka danda'aniif dafanii michoota mootummaa fi naannoo qunnamuu qabu. Qabeenyi kanneen dabalatu:

  - 211 Info: Gara 2-1-1 bilbili ykn www.211info.org/ daawwadhu
  - Walitti Hidhamiinsa Qabeenya Dulloomuu fi Qaama Miidhamummaa Oregon (Aging and Disability Resource Connection of Oregon, ADRC): Gara 1-855-673-2372 bilbili ykn www.adrcoforegon.org/ daawwadhu
  - Baankii Nyaataa Oregon (Oregon Food Bank's) www.oregonfoodfinder.org/
  - Baankii nyaataa ykn goda nyaataa naannoo keessanii
  - Ejensiiwwan Tarkaanfii Hawaasaa naannoo keessan jiran: www.caporegon.org/
  - Qabeenya naannoo biroo kamiyyuu kan ati akkaataa idileetti namoota nyaata gahaa argachuuf rakkataniif gorsitu.
- Maatiin baasii isaanii kanneen biroo kaffaluuf sagantaalee naannoo fi federaalaa kanneen irraas fayyadamoo ta'uu danda'u:
  - **Sagantaan Gargaarsa Annisaa Manaa Galii Xiqqaa** (LIHEAP) jalqabbii namoota dhuunfaa fi maatii baasii anniisaa gargaaraniin namootni nageenyaafi fayyaa akka qabaatan gargaara. Odeeffannoo akkaataa gargaarsa anniisaa iyyachuu dandeessan baruuf EnergyHelp.us daawwadhaa ykn gara 1-866-674-6327 bilbilaa.
  - **Gargaarsi kaffaltii tajaajilaa dabalataa** Tajaajila Mana Jireenyaa fi Hawaasa Oregon (Oregon Housing and Community Services, OHCS) irraa karaa ejensii naannootiin kennama. Gar Eejensii naannoo keessanii marsariitii isaanii irratti iyyachuu dandeessu: https://www.oregon.gov/ohcs/energy-weatherization/Pages/utility-bill-payment-assistance.aspx.
  - **Sagantaan Walitti Hidhamiinsa Gatiin Isaa Madaalawaa (The Affordable Connectivity Program)** maatii ulaagaa guutaniif yoo xiqqaate ji'atti tajaajila interneetii irratti hir'ina doolaara 30 ni kenna. Yoo faayidaa ODHS irraa gargarsa argachaa jirta ta'e, ofumaan ulaagaa guutuu dandeessa. Ulaagaa guutuu kee ilaaluuf ykn iyyanoo balaa hin qabne bilisaa dhiyeessuuf, GetInternet.gov daawwadhu ykn gara 1-877-384-2575 bilbili.
  - **Gargaarsi kiraa fi mana jireenyaa** karaa OHCS ni kennama. Marsariitii OHCS https://www.oregon.gov/ohcs/housing-assistance/Pages/housing-assistance.aspx irratti daawwadhaa.